# ADDA BILISUMMAA OROMOO

**OROMO LIBERATION FRONT** جبهة تحرير اورومو

Gaafa: 24-04- 2012 تاريخ
Date:

Lakk.: 007/stm-abo/2012 رقم
No.:

**Ummataa fi Ummata Wal ficcisiisuun Fincila Oromiyaa Keessatti**

**Babal'ataa Jiru Duubatti Deebisuu Hin danda'u**

Ibsa Adda Bilisummaa Oromoo

Duula mootummaan TPLF/EPRDF addatti ummata Oromoo irratti geggeessu keessaa inni guddaan tokko dhalattoota sabaa fi sablammootaa tokko tokko hidhachiisee karaa maraan Oromoo irratti duulchisuu dha. Wayyaaneen lammiiwwan sabaa fi sablammoota Oromiyaa keessa qubatanii jiraatanii fi ollummaa Oromiyaa qaban tahee jedhee meeshaa waraanaa hidhachiisuudhaan Oromoo irratti duulchisa. Bifa kanaan hanga har'aantanaatti sabootaa fi sablammoota akka Soomaalii Issaa, Affaar, Geedi'oo, Sidaamaa, Amaara, Burjii, Gumuz, fi kan kana fakkaatan yeroo gara garaatti Oromoo wajjin walitti buusee, gaafa gariis hidhachiisee Oromoo irratti bobbaasee lubbuu namoota kumootaa galaafateera; qabeenya qarshii miliyoonotatti shallagamu barbadeessiseera.

Keessumattuu yeroo dhihoo kana keessatti karaa Dhiha Oromiyaa Baha Wallaggatiin dhalattoota sablammii Gumuz tahe jedhee ijaaree hidhachiisuudhaan Oromoo irratti duulchisaa akka jiru hubatamaa dha. Walitti bu'iinsa osoo wal irraa hin cinne waggoota lamaaf deemaa jiru kanaan hanga ammaa lubbuun lammiilee dhibbootaan badeera; qabeenyi guddaan barbadaaweera. Gidduu kanas Wayyaaneen walitti bu'iinsuma kana deebisee haaromsuudhaan dabalatatti lubbuun lammiilee dhibbaa ol tahu akka badu taasiseera. Sirni TPLF tahe jedhee ummata Oromoo fi sablammii Gumuz Sulula Mormor qubatanii jiranii kan baroota dheeraaf ollummaa gaariidhaan waliin jiraatan gidduutti wal dhabbii uumuudhaan lubbuun dhbamaa jiru bu'aa maalii akka argachuu hawwe kana godhu tilmaamuun nama hin dhibu. Bu'aan Wayyaaneen as keessaa argachuu barbaadu inni guddaan humna Oromoo yaaddoo guddaa isatti tahe karaa danda'ame maraan shasharafee of irraa gad xiqqeessuu fi dadhabsiisuu dha.

Yeroon itti sirni Wayyaanee walitti bu'iinsa kana haaromsuudhaan addatti Oromoon akka dhawamu karoorfatee sosso'aa jiru kun, yeroo itti Oromiyaa keessatti fincilli farra sirna isaa babal'atee miilla tokkoon isa dhaabaa jirutti tahuun beekamaa dha. Ilmaan Oromoo bahaa dhiha, kaabaa kibba osoo hin jenne tooftaalee adda addaatiin sirna isaa irratti qabsoo finiinsaa jiraachuu irraa kan aare Wayyaaneen akka amala isaa tarkaanfii abdi-kutannaa akkasii fudhachuutti gad deebi'e. Sochiilleen jiran daran yaaddessaa waan itti tahaa dhufeef sabaa fi sablammoota ummata Oromoo waliin seenaa diinummaa homaatuu hin qabne gowwoomsee hidhachiisee karaa maraan Oromoo rukuchiisuu akka furmaataatti fudhate. Kanaanis yaada namootaa gara dabarsee akka isaan isa dhiisanii walitti deebi'anii dhiiga wal dhangalaasan gochuun hawwii mootummaa Wayyaanee ti.

Addi Bilisummaa Oromoo lammiilee Gumuz dabalatee sabaa fi sablammoota ummata Oromoo waliin hariiroo ollummaa gaarii baroota dheeraaf qabaachaa turaniif dhaamsi qabu gabaabaa fi ifaa dha. Mootummaan Wayyaanee Oromoo qofaaf osoo hin taane isiniifis diina guddaa tahuu isaa yaadadhaa. Har'a dantaa mataa isaaf jedhee isin duuba kan gore fakkaatee Oromoo irratti yoo isin kakaasu, boru

P.O.Box 6973 Asmara, Eritrea Tel 2911 153848 Email: abamilki@gemel.com.er, *www.oromoliberationfront.org*

ammoo Oromoo yookiis saba biraa tokko duubaan goree isin irratti akka kaasuu malu hin dagatinaa. Isinii fi ummata Oromoo gidduutti waldhabbiin bifa fedheetuu yoo mudate akkuma aadaa fi seenaa ollummaa keessaniitti karaa nagaan furachuuf tattaafachuu irraa kan hafe Wayyaaneedhaan akka gowwoomfamuu hin qabne Addi Bilisummaa Oromoo waamicha isinii ammas irra deddeebiin dabarsa. Ummatoonni cunqurfamoon madaa wal fakkaataa qaban kamuu ummata Oromoo tumsanii diina waloo isaanii gamtaan falmachuu qaban malee diinaan gowwoomfamanii meeshaa ittiin Oromoo ukkaamsan tahuun irra hin jiraatu. Ummataa fi ummata wal ficcisiisuun fincila Oromiyaa keessatti babal'atee sirna gabroonfataa raasaa jiru duubatti deebisuu fi yaada sabboontota Oromoos gara dabarsuuf hawwamee akka tahe beekamaa dha. Haa tahu malee hawwiin diinaa kun gonkumaa akka milkaawuu hin dandeenye Addi Bilisummaa Oromoo gad jabeessee hubachiisa.

Gadaan Gadaa Bilisummaa ti!

Injifannoo Ummata Oromoof!

Adda Bilisummaa Oromoo

Ebla 24, 2012

Ummatoonni cunqurfamoon madaa wal fakkaataa qaban kamuu ummata Oromoo tumsanii diina waloo isaanii gamtaan falmachuu qaban malee diinaan gowwoomfamanii meeshaa ittiin Oromoo ukkaamsan tahuun irra hin jiraatu. Ummataa fi ummata wal ficcisiisuun fincila Oromiyaa keessatti babal'atee sirna gabroonfataa raasaa jiru duubatti deebisuu fi yaada sabboontota Oromoos gara dabarsuuf hawwamee akka tahe beekamaa dha. Haa tahu malee hawwiin diinaa kun gonkumaa akka milkaawuu hin dandeenye Addi Bilisummaa Oromoo gad jabeessee hubachiisa.

Gadaan Gadaa Bilisummaa ti!

Injifannoo Ummata Oromoof!